



Waggaa 17^{ffaa} Lak. 3/2001
 የጊዜ ዓመት ቁጥር ፫/፪ሺ፩
 17th year No 3/2009

Finfinnee, Guraandhala 25 Bara 2001
 ፌታሪክ፣ የካቲት ፳፭ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም
 Finfinne, March 4, 2009

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe	Lak. S. Poostaa 21383-1000
የገዱ ዋጋ	በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	የፖ.ሣ.ቁጥር
Unit Price		P.O.Box

QABIYYEE Labsii Lak. 145/ 2001 Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuufi Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 132/ 2000 Fooyyessuuf Labsii BaheFuula 1	ማግኛ አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፭/፪ሺ፩ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የአስፈጻሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀትና ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ገጽ ፩	CONTENT Proclamation No. 145/2009 A Proclamation to Amend the Proclamation to Provide for the Reorganization and Redefinition of the Powers and Duties of the Executive Organs of the Oromia National Regional State No. 132/ 2007.....Page 1
Labsii Lak. 145/2001 Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuufi Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 132/2000 Fooyyessuuf Labsii Bahe Hojiin dhimma hojjataafi hawaasummaa wajjiin wal qabatee xiyyeeffannaa argatee akka hojjatamu aangoofi hojii, akkasumas gurmaa'ina Biiroo Dhimma Gurmaa'ina Uummataa, Hojjataafi Hawaasummaa irra deebiidhaan sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef; Akkaataa Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira. 1. Mata Duree Gabaabaa Labsiin kun “Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuufi Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 132/2000 Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak. 145/2001,” jedhamee waamamuu ni danda'a.	አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፭/፪ሺ፩ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የአስፈጻሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀትና ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ከሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ጋር የተያያዘ ሥራ ትኩረት አግኝቶ እንዲሠራ ሥልጣንና ተግባር እንዲሁም የህዝብ አደረጃጀት፣ ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ቢሮን አደረጃጀት እንደገና ማስተካከል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ በተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሀገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፱ አንቀጽ ፵፱ ንዑስ አንቀጽ (፫)(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡ ፩. አጭር ርዕስ ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የአስፈጻሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀትና ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፭/፪ሺ፩” ተብሎ ሊጠራ ይችላል፡፡	Proclamation No. 145/2009 A Proclamation to Amend the Proclamation to Provide for the Reorganization and Redefinition of the Powers and Duties of the Executive Organs of the Oromia National Regional State No. 132/2007 WHEREAS, it is found necessary redefine and also reorganize the powers and duties of the People's Organization, Labour and Social Affairs Bureau, so as to give the proper attention to social and workers affairs; NOW, THEREFORE, in accordance the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia, Proclamation No. 46/2001, Article 49 Sub-Article (3) (a) it is hereby proclaimed as follows: 1. Short Title This proclamation may be cited as “A Proclamation to Amend Proclamation No. 132/2007, the Proclamation to Provide for the Reorganization and Redefinition of Powers and Duties of the Executive Organs of the Oromia National Regional State No. 145/2009.”

2. Fooyya'iinsa

Labsiin Lak. 132/2000. Keewwanni 2(9) haqamee kan armaan gadiitiin bakka bu'ee jira.

"2(9) Aangoofi Hojii Ejensii Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa Oromiyaa

- 1) Seerota dhimma hojjataafi hojjachiisaa irratti qaamota dhimmi ilaallatuuf leenjii hubannoo cimsu ni kenna; deeggarsaafi gorsa barbaachisu ni kenna;
- 2) Imaammata misooma nageenya hawaasummaa, seerotaafi qajeelfamoota dhimma hojjataafi hojjachiisaa ilaalchisee bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolan ni taasisa; ni to'ata; qaama darbee argame irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 3) Waldaalee hojjataafi hojjachiisaa ni galmeessa; waraqaa ragaa qaama seerummaa ni kenna; ni hordofa; deeggarsa ogummaa ni kenna;
- 4) Waliigaltee gamtaa ni galmeessa; hojiirra ooluu isaa ni to'ata; deeggarsa ogummaa ni kenna;
- 5) Wal dhabiinsaafi komee hojjataafi hojjachiisaa jidduutti uumamu waliigalteen akka hiikamu, nageenya industirii akka uumamu taasisuuf hojjattootaafi hojjachiistota walitti fiduun ni mari'achiisa;
- 6) Boordii Murteessaa Dhimma Hojjataafi Hojjachiisaa naannoo jaarimiyaaleen baay'inaan jiranitti ni hundeessa; humna namaa barbaachisu ni ramada; ni bulcha; ni hordofa; ni to'ata;
- 7) Haala nageenya ogummaafi fayyummaa naannoo hojii hojjattootaa ni qorata; ni qindeessa; ni xiinxala; hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
- 8) Balaa industiriifii dhibee hojii naannoo hojiitti uumamuu danda'u ittisuuf hojjataafi hojjachiisaa ni leenjisa; ni gorsa; ni to'ata; deeggarsa barbaachisu ni kenna;
- 9) Istaandaardiifi sadarkaalee haala hojii, akkasumas tooftaalee ittisa farraawan nageenya ogummaafi fayyumma hojjattootaa irratti bahan hojiirra akka oolan ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;

፪. ማሻሻያ

፩) አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺ አንቀጽ ፪ ንዑስ አንቀጽ ፪ ተሰርዞ በሚከተለው ተተክሏል፡፡

“፪(፱). የኦሮሚያ ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ኤጀንሲ ስልጣንና ተግባር፡-

፩) በአሠሪና ሠራተኛ ጉዳይ ሕጎች ላይ ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት የግንዛቤ ማስጨበጫ ስልጠና ያካሂዳል፤ አስፈላጊውን ምክር ይሰጣል፡፡

፪) የማህበራዊ ደህንነት ልማት ፖሊሲ፣ የአሠሪና ሠራተኛ ጉዳይን አስመልክቶ የወጡትን ሕጎችና መመሪያዎችን ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤ ይቆጣጠራል፤ ይህን ተላልፎ በተገኘ አካል ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፡፡

፫) የአሠሪና ሠራተኛ ማህበራትን ይመዘግባል፤ የሕጋዊ ሰውነት የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ ይከታተላል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሰጣል፡፡

፬) የጎብረት ስምምነት ይመዘግባል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሰጣል፡፡

፭) በአሠሪና ሠራተኛ መካከል የሚፈጠር አለመግባባትና ቅሬታ በስምምነት እንዲፈታ፣ የኢንዱስትሪ ሠላም እንዲሰፍን ለማድረግ ሠራተኞችንና አሠሪዎችን በማገናኘት ያወያያል፡፡

፮) ብዙ ድርጅቶች ባሉበት አካባቢ የአሠሪና ሠራተኛ ጉዳይ ወላኝ ቦርድ ያቋቋማል፤ አስፈላጊውን የሰው ኃይል ይመድባል፤ ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

፯) የሠራተኞች የሥራ አካባቢ የሙያ ደህንነትና ጤንነት ሁኔታ ይመረምራል፤ ያቀናጃል፤ ያጠናል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡

፰) በሥራ አካባቢ ሊፈጠር የሚችለውን የኢንዱስትሪ አደጋን በሽታ ለመከላከል አሠሪና ሠራተኛን ያሰለጥናል፤ ይመክራል፤ ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፡፡

፱) የሥራ ሁኔታ ስታንዳርድና ደረጃዎች እንዲሁም የሠራተኞች የሙያ ደህንነትና ጤንነት ጠንቅ ለመከላከል የወጡትን ሁኔታዎች መመሪያዎች ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

2. Amendment

Proclamation No.132/2007 Article 2(9) is deleted and replaced as follows.

“2(9) Powers and duties of Oromia Labour and Social Affairs Agency

- 1) Gives awareness strengthening training to the concerned organs, on the labor Laws, and the necessary support and advice to its customers.
- 2) Implements social welfare development policy, rules and directives issued about employees and employers, make to be implemented; supervise; and take corrective measures on those who violate these rules and directives.
- 3) Registers employees and employers associations, gives certificate of legal personality; follow up; provides professional support.
- 4) Registers collective agreements; follow up its implementation; provide professional support.
- 5) To resolve labour dispute or discontent that appears between employees and employers peacefully, to maintain industrial peace shall bring employees and employers together for discussion.
- 6) Where there are many organizations, establish Labour Relations Administration Board, assign the necessary manpower to administer the same; follow up and inspect.
- 7) Examines occupational safety and health conditions of employees at work place; organize; analyze; implement, and make it to be implemented.
- 8) To prevent industrial accidents and occupational disease that could occur at work place, shall give training to employees and employers; gives advice; supervise and provide the necessary support.
- 9) Implement standards and levels of working conditions, and also systems designed to prevent occupational safety and health conditions of employees; follow up; and inspect.

- 10) Imaammataafi tarsiimoo bobba'iinsaa hojiirra ni oolcha; ni hordofa;
- 11) Qabeenya humna namaa naannichaa ni qorata; kan hojiirratti bobba'eefi hin bobba'in adda ni baasa; ni xiinxala; ni qindeessa; ragaafi istaatistiksii ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna;
- 12) Ragaa humna namaa gabaan barbaadu, ogummaa barbaadamu, fedhiifi iddoo hojii duwwaa jiru walitti ni qaba, adda ni baasa; ragaafi odeeffannoo qindeessuun ni tamsaasa; hojiifi hojjataan akka wal qunnaman ni taasisa;
- 13) Hojii barbaaddota naannicha keessatti qaxaramanii hojjachuu barbaadaniif bobba'iinsa hojiifi aadaa hojii irratti hubannoo ni kenna; ni gorsa; deeggarsa barbaachisu ni taasisa; ejensiwwan dhuunfaa naannicha keessatti hojjataafi hojjachiisaa wal qunnamsiisaniif hayyama ni laata; ni haaromsa; ni to'ata;
- 14) Rakkoollee jireenya hawaasummaa irratti qo'annoo ni gaggeessa; bu'aa qo'annichaa irratti hundaa'uun tarsiimoo ittisa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaas ni hordofa;
- 15) Ragaa dhimma nageenya hawaasummaa ni qindeessa; hojiirra ni oolcha; ni tamsaasa;
- 16) Sagantaa guddina hawaasaa diriirsuufi cimsuuf sochii taasisamu keessatti hojjattoota guddina hawaasaa ni leenjisa; hojiitti ni bobbaasa; ni to'ata; deeggarsa ni kenna;
- 17) Waldaalee hawaasummaafi wal gargaarsaa adda adda akka gurmaa'an ni kakaasa; kan gurmaa'aniif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni mulqa; hojii hawaasummaafi misooma adda addaarratti akka hirmaatan ni barsiisa;
- 18) Mirgoota qaama miidhamtootaa, ittisa farreewwan jireenya hawaasummaa, kunuunsaa maanguddootaa ilaalchisee hawaasaaf leenjiifi hubannoo ni kenna; jijjiirama argame yeroo yeroon ni madaala;

- ፲) የስራ ስምሪት ፖሊሲና ስትራቴጂ ሥራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል።
- ፲፩) የክልሉን የሰው ኃይል ሀብት ያጠናል፤ በሥራ ላይ የተሰማራውን እና ያልተሰማራውን ይለያል፤ ይመረምራል፤ ያቀናጃል፤ መረጃና ስታትስቲክስ ያዘጋጃል፤ ለሚመለከተው አካልም ይሰጣል።
- ፲፪) ገበያው የሚፈለገውን የሰው ኃይል መረጃ፤ የሚፈለገውን ሙያ፤ ያለውን ፍላጎትና ክፍት የሥራ ቦታ ይሰበስባል፤ ይለያል፤ ማስረጃና መረጃን በማጠናቀር ያሰራጫል፤ ሥራና ሠራተኛ እንዲገናኙ ያደርጋል።
- ፲፫) በክልሉ ውስጥ ተቀጥረው ለመሥራት ለሚፈልጉ ስራ ፈላጊዎች የሥራ ስምሪትና የሥራ ባህል ላይ ግንዛቤ ይሰጣል፤ ይመክራል፤ እስፈላጊውን ድጋፍ ያደርጋል። በክልሉ ውስጥ ሥራና ሠራተኛን ለሚያገናኙ የማል ኤጀንሲዎች ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይቆጣጠራል።
- ፲፬) የማኅበራዊ ኑሮ ችግሮች ላይ ጥናት ያካሂዳል፤ በጥናቱ ውጤት ላይ በመመስረት የመከላከያ ስትራቴጂ ያዘጋጃል፤ ስራ ላይ ያውላል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል።
- ፲፭) የማህበራዊ ደህንነት ጉዳይ መረጃዎችን ያቀናጃል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ያሰራጫል።
- ፲፮) የማህበራዊ ዕድገት ፕሮግራም ለመዘርጋትና ለማጠናከር በሚደረገው እንቅስቃሴ ውስጥ የማህበረሰብ ዕድገት ሠራተኞችን ያሰለጥናል፤ ስራ ላይ ያሰማራል፤ ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ይሰጣል።
- ፲፯) የተለያዩ ማህበራዊና መረዳጃ ማህበራት እንዲደራጁ ያነሳሳል፤ ለተደራጁት ፈቃድ ይሰጣል፤ ያድሳል፤ ይሰርዛል፤ በማህበራዊ ልማት ሥራ ላይ እንዲሳተፉትምህርት ይሰጣል።
- ፲፰) የአካል ጉዳተኞችን መብቶች፤ የማህበራዊ ኑሮ ችግሮችን መከላከል፤ የአረጋውያንን እንክብካቤን በተመለከተ ለጎብረተሰቡ ስልጠናና ግንዛቤ ይሰጣል፤ የተገኘውን ለወጥ በየጊዜው ይገመግማል።

- 10) Implements and follow up employment policy and strategy;
- 11) Studies, the human resources of the region; identify those employed and unemployed; analyze; organize; prepares information and statistics and give it to the concerned bodies.
- 12) Collect information about, the market demand of manpower, profession, needs and vacant posts; identify; organize the data and information and distribute; bring the work and employees together.
- 13) Gives awareness, on work opportunities and working culture for employees who want to work in the region; advice; provide the necessary support. It provides and renews licenses; inspect private agencies engaged in bringing together employees and employers in the region.
- 14) Undertake a study on social problems, and based on its result, develop preventive strategies; implement the same and follow up its implementation.
- 15) Organize data on social welfare, implement the same, and disseminate.
- 16) In the process of laying down, and strengthening social development programs, trains community development workers; assign them, inspect; provide support.
- 17) Promotes social and self-help associations, to be organized, give license to those organized, renew, cancel their licenses, and educate them to participate in different social and development activities;
- 18) Concerning the rights of the disabled, prevention of social problems, and providing care for the elders, it gives trainings and awareness to the community; and evaluates the change regularly.

- 19) Mirgootaafi faayidaan qaama miidhamtootaa akka eegamuufi ilaalcha dogoggoraa qaama miidhamummaa irratti jiru sirreessuuf ni hojjata; sagantaa raawwii hojiifi seerota dhimma kanarratti bahan hojiirra ni oolcha; deeggarsa ni kenna;
- 20) Nageenyi maatii akka eegamu, walitti dhufeenyiifi aadaan wal gargaarsa maatii akka cimuufi maatiin rakkoo hawaasummaatiif akka hin saaxilamne ni hojjata; harka qalleeyyii kan ta'an deeggarsa akka argataniif haala ni mijeessa;
- 21) Qaama miidhamtoota tajaajila hirkoo qaamaa, leenjii ogummaa, barumsa fedhii addaa akka argataniif qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun haala ni mijeessa; deeggarsa ogummaa ni kenna;
- 22) Maanguddootaafi qaama miidhamtoota gurmaa'uun hojii misoomaa keessa galuu barbaadaniif deeggarsa ogummaa akka argatan haala ni mijeessa;
- 23) Maanguddootaafi qaama miidhamtoota hirkoo deeggarsa hin qabne hawaasa keessatti tajaajila kunuunsaafi haaromsaa akka argataniif haala ni mijeessa; deeggarsa ogummaa ni kenna; warra hawaasa keessatti gargaarsa argachuu hin dandeenyeef buufata keessatti akka kunuunsaman ni taasisa; buufataalee haaromsaa ni bulcha; ni hordofa; humna namaa barbaachisu ni ramada; ni to'ata; deeggarsa ni kenna;
- 24) Maanguddoonni bakka bashananaa akka qabaatan haala ni mijeessa; beekumsa isaanii walitti qindeessuun dhaloota itti aanuuf akka darbu ni taasisa;
- 25) Qaama hawaasaa rakkoo jireenya hawaasummaa keessa galan, jiraattota daandii, namoota sagaagalummaa irratti bobba'ari, namoota araada alkooolii qaban, namoota kashalabbummaa irratti bobba'aniif tajaajila haaromsaa ni kenna; maatii isaanii ykn hawaasatti makamanii jireenya isaanii akka fooyyeffatan haala ni mijeessa; fandiin hawaasummaa akka hundaa'u ni taasisa; hojiirra ni oolcha; ni hordofa; deeggarsa ogummaa ni kenna;

- ፲፱) የአካል ጉዳተኞች መብቶች እንዲጠበቁና የአካል ጉዳትን አስመልክቶ ያለውን የተሳሳተ አመለካከት ለማስተካከል ይሰራል፤ ይህንን ጉዳይ አስመልክቶ የወጡ የአፈፃፀም ፕሮግራሞችንና ህጎችን ስራ ላይ ያውላል፤ ድጋፍ ይሰጣል።
- ፳) የቤተሰብ ደህንነት እንዲጠበቅ የቤተሰብ ግንኙነትን የመረዳዳት ባህል እንዲጠናከርና ቤተሰብ ለማህበራዊ ችግር እንዳይጋለጥ ይሰራል፤ ችግሩን የሆኑት ድጋፍ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል።
- ፳፩) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን አካል ጉዳተኞች የአካል ድጋፍ አገልግሎት፣ የሙያ ስልጠና፣ የልዩ ፍላጎት ትምህርት እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሰጣል።
- ፳፪) ተደራጅተው በልማት ስራ ውስጥ መግባት ለሚፈልጉ አረጋውያንና አካል ጉዳተኞች የሙያ ድጋፍ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል።
- ፳፫) መደገፊያና ድጋፍ የሌላቸው አዛውንቶችና አካል ጉዳተኞች በህብረተሰቡ ውስጥ እንክብካቤና ተሳታፊ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤ በህብረተሰቡ ውስጥ እርዳታ ማግኘት ለማይችሉት በተጻም ውስጥ እንክብካቤ እንዲያገኙ ያደርጋል፤ የተሳታፊ ካምፖችን ያስተዳድራል፤ ይከታተላል፤ አስፈላጊውን የሰው ኃይል ይመድባል፤ ይቆጣጠራል፤ ድጋፍ ይሰጣል።
- ፳፬) አረጋውያን የመዝናኛ ቦታ እንዲኖራቸው ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ያካበቱትን ዕውቀት በማስባሰብ ለመጪ ውትውልድ እንዲተላለፍ ያደርጋል።
- ፳፭) በማህበራዊ ችግር ውስጥ ለገቡት የህብረተሰቡ አካላት፣ ለጎዳና ተዳዳሪዎች፣ በሴቶች አዳሪነት ላይ የተሰማሩ ሴቶች፣ የአልኮል ስህ ላለባቸው ሰዎችና በዱርይነት ተግባር ላይ ለተሰማሩት ሰዎች የተሳታፊ አገልግሎት ይሰጣል፤ ከቤተሰባቸው ወይም ከህብረተሰቡ ጋር ተቀላቅለው ኑሮአቸውን እንዲያሻሽሉ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ማህበራዊ ፈንድ እንዲቋቋም ያደርጋል፤ ሥራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል፤ ሙያዊ ድጋፍ ይሰጣል።

- 19) Works for the protection of the rights of the disabled and to correct misconceptions against it. Implements programs prepared, and proclamations issued regarding this matter; provide support.
- 20) Works towards the protection of family welfare, for consolidation of family relation and strengthening the culture of helping each other, for the family not to be exposed to social problems; facilitate for the poor to get support.
- 21) In collaboration with the concerned bodies it facilitates orthopedics services, skill training, and special need education for persons with disabilities; provides professional support;
- 22) Facilitates professional support for those elders and disabled interested to get organized and engage in development activities.
- 23) Facilitates for the elders and the disabled who have no support to get rehabilitations service in the community; provides professional support, arranges rehabilitation program and for those who could not get support in the community; administers; follow up, assign the necessary manpower; inspect a support.
- 24) Facilitates conditions for the elders to have a recreational center; shall coordinate their knowledge and make it to pass to the next generation;
- 25) Provides rehabilitation service to those exposed to social problems, living on the street, prostitutes, alcohol and drug addicts, hooligans; facilitate conditions to reunify or reintegrate with their family or the community to improve their lives; facilitate the establishment of social funds; implement the same; follows up, give professional support.

26) Dhaabbileen Miti-Mootummaa dhimma nageenya hawaasummaa irratti akka bobba'an ni kakaasa; ni qindeessa; deeggarsa ni kenna; raawwii hojii isaanii ni madaala".

3. Gurmaa'inaafi Itti Waamama Ejensichaa

Ejensichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata.

- 1) Hojii gaggeessaafi hojjattoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.
- 2) Sadarkaa naannoo, godinaa, magaalaa, aanaafi wiirtuutti, waajjiraafi hojjattoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.
- 3) Itti waamamni Ejensichaa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiifta'a.

4. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Labsii Lak. 132/2000 Keewwanni 2(9) Labsii kanaan haqamee jira.
- 2) Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

5. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

Mirgaafi dirqamni Biiroo Dhimma Gurmaa'ina Ummataa Hojjataafi Hawaasummaa kanaan dura qabu keessaa dhimmi hojjataafi hawaasummaa ilaalu gara Ejensii Dhimma Hojjataafi Hawaasummaatti darbee jira.

6. Aangoo Dambii Baasuu

Labsii kana hojiirra oolchuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa dambii baasuu ni danda'a.

7. Yeroo Labsiin Itti Ragga'u

Labsiin kun Guraandhala 25 bara 2001 irra jalqabee kan ragga'e ta'a.

Finfinnee, Guraandhala 25 Bara 2001

Abbaaduulaa Gammadaa

Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፳፮) መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች በማህበራዊ ደህንነት ጉዳይ ላይ እንዲሰማሩ ያነሳሳል፤ ያቀናጃል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤ የሥራ አፈፃፀማቸውን ይገመግማል፡፡

፫. የኤጀንሲው አደረጃጀትና ተጠሪነት

ኤጀንሲው ከዚህ በታች ያለው አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

- ሐ) አንድ ሥራ አስኪያጅና አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች ይኖሩታል፡፡
- ከ) በክልል፣ በዞን፣ በከተማ፣ በወረዳና በጣቢያ ደረጃ ጽ/ቤትና አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች ይኖሩታል፡፡
- ለ) የኤጀንሲው ተጠሪነት ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ም/ቤት ይሆናል፡፡

፬. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች

- ሐ) አዋጅ ቁጥር ፻፩/፪ሺ፩ አንቀጽ ፪(ዘ) በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡
- ከ) ማንኛውም ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ሕጎችና ልማዳዊ አሠራሮች በዚህ አዋጅ በተደነገጉ ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም፡፡

፭. መብትና ግዴታን ማስተላለፍ

ከዚህ በፊት የኦሮሚያ ሕዝብ አደረጃጀት፣ ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ቢሮ ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይን አስመልክቶ ያለው መብትና ግዴታ ወደ ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ኤጀንሲ ተላልፈዋል፡፡

፮. ደንብ ማውጣት ሥልጣን

ይህንን አዋጅ ሥራ ላይ ለማዋል የክልሉ መንግስት መስተዳድር ም/ቤት ደንብ ማውጣት ይችላል፡፡

፯. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከየካቲት ፳፭ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም. ጀምሮ የፀና ይሆናል፡፡

አዲስ አበባ፣ የካቲት ፳፭ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም.

አባዱላ ገመዳ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት
ፕሬዝዳንት

26) It initiates non-governmental organizations to engage on social welfare; coordinate; provides support, and evaluate their performance."

3. Organization and Accountability of Agency

The Agency shall have the following organizational structure.

- 1) Shall have a manager and the necessary workers.
- 2) Shall have offices and the necessary workers at Regional, Zonal, towns, weredas and center levels.
- 3) The Agency is accountable to the Regional Administrative Council.

4. Inapplicable Laws

- 1) Proclamation No. 132/2007 Article 2(9) has been repealed by this proclamation.
- 2) Any law and tradition which is inconsistent with this proclamation shall be inapplicable in matters covered in this proclamation.

5. Transfer of Rights and Duties

Rights and duties of previous Oromia Public Mobilization Labour & Social Affairs Bureau is transferred to Oromia Labour and Social Affairs Agency.

6. Power to Issue a Regulation

To implement this proclamation, Oromia Regional Administrative Council may issue a Regulation.

7. Effective Date

This proclamation shall come into force as of the 4th of March 2009.

Finfinnee, March 4, 2009

Abadula Gameda
President,
Oromia National Regional State